Guyyaa Gootota Oromoo irratti Qeerroo fi Qarree Qabsoo Bilisummaaf Wareegaman Yaadachuu

Ebla 15, bara 2018

Ebli 15 wagga waggaatti Addi Bilisummaa Oromoon (ABO) fi ummaata Oromoo birattii sirna ol'anaan guyyaa kabajamuu dha. Guyyaan kun guyyaa yaadanoo gootota Oromoo lubbuu isaanii qaalii saba isaaniif jecha laatanii dha. Haarsaa ol'anoo qabsoof itti kafalanii dha. Guyyaan kun guyyaa goototni Oromoo qaqqaaliin osoo qabsoo bilisummaaf falmanuu dirree irratti wareegamanii dha. Kunis dhawaata irraa dhawaatatti darbaa har'a ga'eera.

Bara 2018 ABOn yaadatnoo guyyaa gootota Oromoo kana irratti Qeerroo fi Qarree Oromoo wareegama ol'aanoo kafalan yaadata. Qerroo fi Qarreen keenya bilisummaa ummata isaaniif osoo falmanii dirree falamaa iatti lubbu isaanii dhabaniiru. Diinaa meesha baranee hidhateen harka duwwaa falmaniiru. Falmaa kanas waggoota afuriif osoo walirraa hin citin geggeessaniiru. Ammas itti jiru. Wayyaanee fi jal-demtoota isaanii jilbeenfachiisaniiru. Seenaa impaa'eerattiin hanga yoonaa hordofaa turtee fi itti jirutu hundee irra buqqisuuf qabsoo finnisuu kaeesatti ga'ee ol'aanaa ba'aniiru.

Qeerroo fi Qareen keenya kumaatamatti lakkawaman lubbuu isaanii qabsoo bilisummaaf kennaniiru. Kana keessatti uluqxe-seentuu fi diinootni akka Oromiyaa deebisanii hin dhuunfatne kallatti cufaan dura dhabatanii osoo falmanuu wareegamaniiru. Diinnis kana sodachuun Labsii Yeroo Muddamaa erga labsee booda caasaa Komand-poostii biyya keenya keessatti diriirfate. Humna addaa Agazii fi damiilee waraana adda addaa Itophiyaa mara keessaa funanamanii akka leenjifaman erga godhanii booda Oromiyaa irratti bobbasaniiru. Kunis gootummaa fi wareegama Qeerroo fi qarrewwan keenya kafalanin fashaleera.

Qeerroo fi Qarreen Oromoo ijifatnoo cululuqaa kara sirna nagaa adeemsisaniin sirna boodatti hafaa fi nama-nyaata Wayyaanee akka saaxilamu godhaniiru. Mootummaan Wayyaanee Qerroo Oromoo karaa waraanaa moo'achuu waan dadhabeef karaa "haaromsa gadifagoo" jedhuun olola oofuu itti fufee jira. Kun tooftaa siyaasaa, fakkeessuun akkasumas ummata gowwomsuuf saamu irratti karoora biraa baafatanii jiranii dha. Sirni dhidhimaa jiru kun dhagaan inni hin darbatnee fi hin buqqifne hin jiru. Kana tasifachuuf Mummicha Ministeeraa jaarmayaa Dhaaba Dimokratawaa Ummata Oromoo (DhDUO) jedhamu kessaa muudee jira. Jarmaayaan DhDUO ofiin jedhuu kun ummata biratti fudhatama dhabee kan argamuu dha. Kunis Oromoo caalmatti addaan qoqqooduu keessatti toftaa Wayyaaneen baafate dha.

Qabsoon fincilaa ummata Oromoo kun qabsoo karaa nagaa sochii Qeerroon deemsifamaa jiruu dha. Qabsoon kun qabsoo eenyutu Impaa'eratti bulchaa osoo hin ta'in qaama qabsoo waggoota 150 guutuu deemsifamaa jiruu dha. Qabsoo kun qabsoo bilisummaa Oromoo fi walabummaa Oromiyaa deebisanii argamsiisuuti. Qabsoo sirna keenya bara Gadaa waggoota kumotaaf ittiin of bulchaa turre deebifnee dhugoomsuuti. Qabsoo gabrofataan Habashaa bara 'Qircatnaa Afrikaa' mootummoota Awuroppaan humnaaween deeggaramee nu cabse deebifnee harkaatti galfachuuti. Qabsoo keenya qabsoo kijiba Wayyaaneen yeroo amma deemsiftuuf ummatni keenya akka hin sobamne hubachiisuuti.

Addi Bilisummaa Oromoo waggoota darban keessatti gootota Waraana Bilisummaa Oromoo (WBO) dirree lolaa irratti humna gabrofattuu Wayyaanee waliin osoo falmanuu waregamaniifis yaadatnoo fi kabaja ol'aanoo qaba, dabarsas. Dhumarrattis, ABOn waamicha waadaa Oromiyaa hacuuccaa diinaa keessaa basuuf galee mirkaneessuuf daran qabsaawa. Gita bittuu ummata keenyaa fi lafa keenya humnaan qabatte haxaa'ee baasu keessatti ummatni Oromoo, Qeerroo fi Qarreen akka qabsoo daran finiinsan waamicha godha. Kunis humnaan isa nu dhuunfate humnaan of irraa baasuudhaan Oromiyaa bilisoomte dhugoomsuuf!

Oromiyaan Ni Bilisoomti!